WAAJJIRA AFYAA'IIFI CAFFEE OROMIYAATIIN KAN QOPHAA'E

Waggaa 21ffaa.. Lak. 3/2005
፳፩ኛ ዓመት..., ቁጥር ፫/፪ሺ፭
21st year .... No. 3/2012

Finfinnee, Sadaasa 22/ 2005
ፊንፊኔ ህዳር ፳፪ ቀን ፪ሺ፭
Finfine, December 1, 2012

# MAGALATA OROMIYAA
# መገለታ ኦሮሚያ
# MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo ....... Qar. 5.20
ያንዱ ዋጋ ........... ፭ ብር ከ፳ ሣንቲም
Unit Price .............. Birr 5.20

To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe
በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ

Lak. S. Poostaa ........ 21383-1000
የፖ.ሣ.ቁጥር
P.O.Box

## QABIYYEE

Labsii Lak. 177/ 2005
Labsii To'annoo Faalama Naannoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe........................Fuula1

## ማውጫ

አዋጅ ቁጥር ፩፻፸፯/፪ሺ፭ ዓ.ም
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የአካባቢ ብክለት ቁጥጥርን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ... ገጽ ፩

## CONTENT

Proclamation No. 177/2012
Oromia National Regional State Environmental Pollution Control Proclamation............................................Page1

## Labsii Lak. 177/ 2005

## Labsii To'annoo Faalama Naannoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe

Sochiiwwan hawaasummaa fi misooma diinagdee kamiyyuu qabeenya naannoo faaluudhaan misooma itti fufiinsa qabu gaggeessuu irratti miidhaa akka hin geessisne to'achuu fi miidhaa osoo hin geessisin naannoo wajjiin walsimee akka deemuu taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Sirna to'annoo faalama naannoo iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabu diriirsuun hojii to'annoo fi hordoffii faalama naannoo cimsuun faalama naannoo irratti gahuu danda'u hambisuun yookaan salphisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

## አዋጅ ቁጥር ፩፻፸፯/፪ሺ፭

## የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የአካባቢ ብክለት ቁጥጥርን ለመወሰን የወጣ አዋጅ

ማንኛውም ማህበራዊና ኢኮኖሚያዊ እንቅስቃሴዎች የአካባቢ ሀብትን በመበከል ቀጣይነት ባለው ልማት ላይ ተፅዕኖ እንዳይደርስ መቆጣጠርና ከአካባቢ ጋር ተጣጥሞ እንዲሄድ ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፣

ግልጽነትና ተጠያቂነት ያለው የአካባቢ ብክለት ቁጥጥርና ክትትል ሥርዓት በመዘርጋት ሊደርስ የሚችለውን የአካባቢ ብክለትን መቀረፍ ወይም ማስቀረት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፣

## Proclamation No. 177/2012

## Oromia National Regional State Environmental Pollution Control Proclamation

WHEREAS, it is found necessary to control and harmonize any social and economic development activities so as not to impose an impact on sustainable development by polluting the environmental resources;

WHEREAS, it is found necessary to develop transparent and accountable pollution control and monitoring system in order to minimize or eliminate the pollution effect on the environment;

Qaamni hojii investmentii fi pirojektoota misooma adda addaa irratti bobba'e eegumsa naannootiif xiyyeeffannaa guddaa akka kennu gochuun mirgaa fi dirqama isaa beekee gahee isaa bahuu akka danda'u gochuun barbaachisaa waan ta'eef;

To'annoo faalama naannoo ilaalchisee seerota akka biyyaatti bahan haala qabatamaa naannoo keenyaa wajjiin walsimsiisuun barbaachisaa waan ta'eef;

Qaama naannoo fi fayyummaa hawaasaa irratti miidhaa geessise irratti tarkaanfiin sirreeffamaa fudhatamu ifatti kaa'uun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahee Labsii Lak. **46/1994** Keewwata **49(3)(a)**tiin kan kanatti aanu labsamee jira.

## KUTAA TOKKO
## TUMAALEE WALIIGALAA

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Labsiin kun "Labsii To'annoo Faalama Naannoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lak.**177/2005** jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

1) **"Mootummaa"** jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
2) **"Biiroo"** jechuun Biiroo Lafa Baadiyyaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa fi caasaalee isaa jechuudha.
3) **"Naannoo"** jechuun waliigala haala sochii ilma namaa fi lubbu qabeeyyii biroo akkasumas lafa, qilleensa, bishaan, sagalee, foolii, dhandhama, jireenya hawaasummaa, miidhagina uumaa yookiin uumamaan osoo hin daangeeffamin namaan fooyya'ee yookiin jijjiiramee jiru hundaa fi iddoo wantoonni lubbu-qabeeyyii fi lubbu-dhabeeyyiin hundi keessa jiraatanii fi walitti hidhamiinsa jidduu isaanii jiraatu kan agarsiisu ta'ee; dimshaashaan sochii fi walitti dhufeenya waan hundaa kan ibsuudha.

በኢንቨስትመንት ሥራ ላይ የተሰማራ ማንኛውም አካል ለአካባቢ ጥበቃ ልዩ ትኩረት በመስጠት መብቱንና ግዴታውን አውቆ ሃላፊነቱን እንዲወጣ ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፣

የአካባቢ ብክለት ቁጥጥር በተመለከተ እንደ ሀገር የወጡ ሕጎች ከክልሉ ነባራዊ ሁኔታ ጋር ማጣጣም አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፣

በህብረተሰቡ ጤናና በአካባቢ ላይ ጉዳት በሚያደርሱ አካላት ላይ የሚወስደውን የእርምት እርምጃ በግልጽ ማስቀመጥ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፣

ተሻሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ሕገ መንግሥት አዋጅ ቁጥር ፵፮/፲፱፻፺፬ አንቀጽ ፵፱/፫/ሀ/ መሠረት የሚከተለው ታውጇል።

## ክፍል አንድ
## ጠቅላላ ድንጋጌዎች

**፩. አጭር ርዕስ**

ይህ አዋጅ "የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት የአካባቢ ብክለት ቁጥጥር ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር ፩፻፸፯/፪ሺ፭"ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

**፪. ትርጓሜ**

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፦

፩) **"መንግሥት"** ማለት የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ነው።
፪) **"ቢሮ"** ማለት የኦሮሚያ ገጠር መሬትና አካባቢ ጥበቃ ቢሮና በየደረጃው የሚገኙ መዋቅሮቹ ማለት ነው።
፫) **"አካባቢ"** ማለት በአጠቃላይ የሰው ልጅ እና ሕይወት ያላቸው ነገሮች እንቅስቃሴ እንዲሁም በመሬት፣በአየር፣ በውሃ፣በድምፅ በሽታ፣ በጣእም፣ በማህበራዊ ኑሮና በሥነ ውበት ሳይወሰን በሰው አማካኝነት ተሻሽለው ወይም ተለውጠው የሚገኙ ነገሮች በሙሉና ያሉበት ቦታ፣እንዲሁም መጠናቸው ወይም ሁኔታቸው የሰውና ወይም የሌሎችን ህያዋንን በጎ ሁኔታ የሚነኩ የመስተጋብሮቻቸው ድምር ነው።

WHEREAS, it is found necessary to clearly put the rights and obligations of those involve in development activities to give emphasis and play their role in environmental protection;

WHEREAS, it is found necessary to make laws enacted ragarding environmental pollution control as a country compatiable to the regional context;

WHEREAS, it is found necessary to clearly put corrective measures to be taken on those bodies that adversely affect the human health and the environment;

NOW, THEREFORE, in accordance with the Revised Constitution of the National Regional State of Oromia Proclamation No. 46/2001 Article 49(3)(a) it is hereby proclaimed as follows:

## PART ONE
## GENERAL

**1. Short Title**

This Proclamation may be cited as the "Oromia National Regional State Environmental Pollution Control Proclamation No.177/2012."

**2. Definitions**

Unless the context requires otherwise, in this Proclamation:

1) **"Government"** means the National Regional Government of Oromia.
2) **"Bureau"** means Oromia Rural Land and Environmental Protection and its structures at different levels.
3) **"Environment"** means the totality of all materials whether in their natural state or modified or changed by humans, their external spaces and the interactions which affect their quality or quantity and the welfare of human or other living beings, including but not restricted to land, air, water, sound, odor, taste, social factors, and aesthetics.

4) **"Eegumsa Naannoo"** jechuun qabeenya naannoo kamiyyuu osoo miidhaan irra hin gahin, hin faalaminii fi hin xuraa'iin kunuunfamee haala itti fufiinsa qabuun akka faayidaa kennu taasisuu jechuudha.

5) **"Miidhaa"** jechuun misooma gaggeeffamu kamiyyuu keessatti hubaatii qabeenya naannoo, fayyaa namaa fi sirna xinqeeyyaa irra gahu kamiyyuu jechuudha.

6) **"Keemikaala"** jechuun elementii yookiin kompaawundii yookiin makaa, namaan yookiin industriidhaan kan qophaaye yookiin uumamaan kan argamu jechuudha.

7) **"Keemikaala Hamaa"** jechuun elementii yookiin kompaawundii namaan qophaaye yookiin uumamaan jiru ta'ee, naannoo, fayyaa namaa fi lubbu qabeeyyii biroo irratti miidhaa hamaa geessisuu kan danda'u jechuudha.

8) **"Gataa"** jechuun wanta dhangala'aa, jajjaboo yookin gaasii ta'ee madda adda addaa irraa kan bahu naannoo fi fayyaa namaa irratti miidhaa geessisuu kan danda'u jechuudha.

9) **"Yaa'aa"** jechuun bishaan, gaasii yookiin dhangala'aa biroo, xuriin isaanii kan yaalame yookiin osoo hin yaalamin kallattiidhaan yookiin al-kallattiin naannootti kan gad-lakkifamu jechuudha.

10) **"Wanta Hamaa"** jechuun dhangala'aa, wanta jajjaboo, yookiin gaasii ta'ee lubbu qabeeyyii, fayyaa namaa fi naannoo irratti miidhaa geessisuu kan danda'u jechuudha.

11) **"Faalama"** jechuun Labsii kanaan yookiin seera birootiin, dirqama daangaa yookiin dhoorkaa tumame cabsuudhaan haala fizikaalaa, keemikaalaa, albuudaa, ho'ina yookiin sirna lubbu qabeeyyii yookiin amala naannoo jijjiiruudhaan fayyaa namaa fi lubbu qabeeyyii kan birootiif haala hamaa kan ta'e yookiin ta'uu kan danda'u jechuudha.

12) **''Gataa Hamaa"** jechuun gataa kamiyyuu naannoo yookiin fayyaa namaa fi lubbu qabeeyyii kan biroo irratti wanta miidhaa geessisuu danda'u jechuudha.

፬) **"የአካባቢ ጥበቃ"** ማለት በማንኛውም የአካባቢ ሀብት ላይ ተፅዕኖ ሳይደርስ፣ ሳይበክልና ሳይቆሸሽ ተንከባክበው ቀጣይነት ባለው ሁኔታ አገልግሎት እንዲሰጥ ማድረግ ማለት ነው፡፡

፭) **"ጉዳት"** ማለት በማንኛውም የልማት እንቅስቃሴ ውስጥ በአካባቢ ንብረት፣በሰው ጤና እና በስነ-ምህዳር ላይ የሚደርስ ማንኛውም ጉዳት ማለት ነው፡፡

፮) **"ኬሚካል"** ማለት ኤለመንት ወይም የተቀላቀለ ውህድ ወይም ቅይጥ ሆኖ ተቀምሞ በሰው የተዘጋጀ ወይም በተፈጥሮ የተገኘ ቁስ አካል ነው፡፡

፯) **"አደገኛ ኬሚካል"** ማለት ኤለመንት ወይም የተቀላቀለ ውህድ ሆኖ ተቀምሞ በሰው የተዘጋጀ ወይም ከተፈጥሮ የተገኘ ሆኖ በአካባቢ፣በሰው ጤናና ሌሎች ሕያዋን ላይ አደገኛ ጉዳት ሊያደርስ የሚችል ማለት ነው፡፡

፰) **"ቆሻሻ"** ማለት ፍሳሽ፣ ጠጣር ወይም ጋዝ ሆኖ ከተለያዩ ምንጮች የሚለቀቅ ሆኖ በአካባቢና በሰው ጤና ላይ ጉዳት ሊያደርስ የሚችል ማለት ነው፡፡

፱) **"ፍሳሽ"** ማለት ውሃ፣ ጋዝ ወይም ሌላ ፍሳሽ ተጣርቶ ወይም ሳይጣራ በቀጥታ ወይም ቀጥታ ባልሆነ መንገድ ወደ አካባቢ የሚለቀቅ ማለት ነው፡፡

፲) **"አደገኛ ነገር"** ማለት ፍሳሽ፣ ጠጣር ወይም ጋዝ ሆኖ በህያዋን፣ በሰው ጤናና በአካባቢ ላይ ጉዳት ሊያደርስ የሚችል ነው፡፡

፲፩) **"ብክለት"** ማለት በዚህ አዋጅ ወይም በሌላ ሕግ የተደነገገውን ግዴታ ወይም ገደብ ጥሶ የአካባቢን ቁሳዊ፣ ኬሚካላዊ፣ ማዕድን፣ሙቀታዊ ወይም ስነ-ህይወታዊ ወይም የአካባቢ ባህርይ በመለወጥ በሰው ጤና እና ሌሎች ህያዋን ላይ አደገኛ የሆነ ወይም አደገኛ ሊሆን የሚችል ሁኔታ ማለት ነው፡፡

፲፪) **"አደገኛ ቆሻሻ"** ማለት ማንኛውም ቆሻሻ በአካባቢ ወይም በሰውና ሌሎች ህያዋን ጤና ላይ ጉዳት ሊያደርስ የሚችል ነገር ነው፡፡

4) **"Environmental Protection"** means the protection of any environmental resources from damage, pollution, and wastes for its sustainable utilization.

5) **"Damage"** means any harm that can be posed by any development activity on environmental resources, human health and the ecosystem.

6) **"Chemical"** means an element or a compound whether by itself, or in a mixture or prepared by human being, whether manufactured or obtained from nature.

7) **"Hazardous Chemical"** means an element or a compound prepared or obtained in nature that has the ability to deleterious effect on the environment, human health and other living creatures.

8) **"Wastage"** means whether it is liquid, solid or gas discharged from different activities that can harm the environment and human health.

9) **"Effluent"** means waste water, solid or gas, treated or untreated, discharged directly or indirectly into the environment.

10) **"Hazardous Material"** means substances in liquid, solid or gaseous state that can damage living beings, human health and the environment.

11) **"Pollution"** means any condition which is hazardous, or potentially hazardous to human health and other creatures by altering any physical, chemical, mineralogical, thermal or biological or other property of the environment in contravention of any condition, limitation or restriction made under this proclamation or under any other relevant law.

12) **"Hazardous Waste"** means any waste material that is deleterious to the environment, human health and other living creatures.

13) **"Faaltota"** jechuun wanta jajjaboo yookiin dhangala'aa yookiin gaasii yookiin sagalee ta'ee kallattiinis ta'e al-kallattiin, sadarkaa qulqullina naannoo jijjiiruudhaan tajaajila naannicha irraa argamuu danda'an kan miidhu yookiin fayyaa namaa yookiin lubbu qabeeyyii biroo fi naannoo irratti miidhaa geessisuu kan danda'u, kan akka summii, dhibee, foolii, ajaa, aara, qaayyoota, raadiyo-aktiivii, sagalee, ho'ina hamaa yookiin miidhaa biroo kan uumuu danda'u jechuudha.

14) **"To'annoo Faalama Naannoo"** jechuun pirojektootaa fi misoomni gaggeeffamu kamiyyuu naannoo irratti miidhaa akka hin geessisne hordofuu, deeggarsa ogummaa kennuu fi tarkaanfii sirreessaa fudhachuu jechuudha.

15) **"Faaluu"** jechuun beekaas ta'e yookiin osoo hin beekin faaltota gara naannootti gad-lakkisuu jechuudha.

16) **"Faalama Sagalee"** jechuun sagalee hanga sadarkaa ol ka'iinsa hayyamameen ol ta'ee fayyaa namaa yookiin nageenya naannoo jeequ kamiyyuu jechuudha.

17) **"Laaboraatoorii"** jechuun bakka saamudni adda addaa itti sakatta'amu jechuudha.

18) **"Jaarmiya"** jechuun dhaabbata hojii irra jiru, haarawaa ijaaramaa jiru, hojii misoomaa yookiin tajaajila kennu yookiin hojii kan biroo irratti bobba'ee kallattiinis ta'e al kallattiin adeemsa hojii isaa keessatti naannoo yookiin fayyaa namaa irratti dhiibbaa geessisuu kan danda'u jechuu dha.

19) **"Qooda Fudhattoota"** jechuun naannoo Oromiyaa keessatti qaama mootummaa yookiin miti-mootummaa yookiin abbaa qabeenyaa hojiin eegumsa naannoo isa ilaallatu kamiyyuu jechuudha.

20) **"Nama"** jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan namummaa argate jechuudha.

፲፫) **"በካይ"** ማለት ጠጣር ነገሮች ወይም ፍሳሽ ወይም ጋዝ፣ ወይም ድምፅ ሆኖ በቀጥታም ሆነ ቀጥታ ባልሆነ መንገድ የአካባቢን ጥራት በመለወጥ ጠቀሜታ የመስጠት አቅሙን የሚጎዳ ወይም በሰው ጤና ወይም በሌሎች ሕያዋን ላይ ጉዳት ሊያደርስ የሚችል እንደ መርዝ፣ በሽታ፣ ሽታ፣ ክርፋት፣ ጭስ፣ ጨረር፣ ድምፅ ሙቀት ወይም ሌላ ጉዳት ሊፈጥር የሚችል ክስተትን የሚያመነጭ ማንኛውም ነገር ማለት ነው፡፡

፲፬) **"የአካባቢ ብክለት ቁጥጥር"** ማለት ማንኛውም የሚተገበሩ ፕሮጀክቶችና የልማት ሥራዎች በአካባቢ ላይ ጉዳት እንዳያደርሱ መከታተል፣ሙያዊ ድጋፍ መስጠትና የእርምት እርምጃዎችን መውሰድ ማለት ነው፡፡

፲፭) **"መበከል"** ማለት በማወቅ ወይም ባለማወቅ በካይ ነገሮችን ወይም አካባቢን የሚያውክ ማንኛውም ድምፅ ማለት ነው፡፡

፲፮) **"የድምፅ ብክለት"** ማለት ከመጠን ያለፈ ድምፅ ሆኖ በሰው ጤና ወይም አካባቢን የሚያውክ ማንኛውም ድምፅ ማለት ነው፡፡

፲፯) **"ቤተ ሙከራ"** ማለት የተለያዩ ናሙናዎች የሚመረመሩ ቦታ ማለት ነው፡፡

፲፰) **"ድርጅት"** ማለት በሥራ ላይ ያለ፣ እየተገነባ ያለ፣ የልማት ሥራ ወይም አገልግሎት የሚሰጥ ወይም በሌሎች ስራዎች ላይ የተሠማራ ሆኖ በቀጥታም ሆነ ቀጥተኛ ባልሆነ መንገድ በሥራው ሂደት በአካባቢ ወይም በሰው ጤና ላይ ተፅዕኖ ሊያደርስ የሚችል ማለት ነው፡፡

፲፱) **"የባለድርሻ አካላት"** ማለት በኦሮሚያ ክልል ውስጥ የአካባቢ ጥበቃ ጉዳይ የሚመለከታቸው ማንኛውም መንግስታዊ ወይም መንግስታዊ ያልሆኑ አካላት ወይም ባለሀብት ማለት ነው፡፡

፳) **"ሰው"** ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም በሕግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ማለት ነው፡፡

13) **"Pollutant"** means any substance whether solid, liquid or gas or sound which directly or indirectly alters the quality of any part of the receiving environment so as to adversely affect its beneficial use or produces toxic substances, diseases, objectionable odor, smoke, fog, radioactivity, noise, heat that is hazardous to human health or to other living things.

14) **"Environmental Pollution Control"** means monitoring, provision of professional support and taking corrective measures to reverse the adverse impact of any project and development activity.

15) **"Pollute"** means releasing pollute materials/ things to the environment whether knowingly or unknowingly.

16) **"Noise Pollution"** means any noise that exceeds the permissible noise level and can affect human health or disturb the environment.

17) **"Laboratory"** means the place where different samples are analyzed.

18) **"Organization"** means an existing, new on constructio[illegible] that deployed on development activity or service rendering or other activities which directly or indirectly posed impact on the environment and human health.

19) **"Stakeholders"** means any governmental or non-governmental organizations or investors in Oromia Region that are concerned in environmental protection affairs.

20) **"Person"** means any natural or juridical person having legal personality.

**3. Ibsa Saalaa**

Labsii kana keessatti jechi saala dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

**4. Daangaa Raawwatiinsaa**

Labsiin kun pirojektoota Naannoo Oromiyaa keessatti gaggeeffaman hunda irratti raawwatiinsa ni qabaataa.

## KUTAA LAMA FAALAMA NAANNOO

**5. To'annoo Faalama Naannoo**

1) Namni kamiyyuu sadarkaa eegumsa naannoo bahe darbee naannoo faaluu yookiin nama biraatiin akka faalamu taasisuu hin qabu.
2) Labsii kanaa fi seerota biroo darbuudhaan nama naannootti faaltota gad-lakkise, Biiroon Labsii kana irratti hundaa'ee tarkaanfii seeraa irratti fudhachuu ni danda'a.
3) Namni hojii faalama yookiin miidhaa biroo naannoo irra geessisuu danda'u irratti bobba'e kamiyyuu faalama naannoo hambisuuf yookiin xiqqeessuuf tekinoolojii faalama maqsutti fayyadamuu yookiin haala deebi'anii hojii irra ittiin oolan irratti hojjechuu qaba.
4) Namni faalama naannoo geessise kamiyyuu yeroo murtaa'e keessatti naannoo sana faalama irraa qulqulleessuu qaba. Mootummaan yookiin qaamni biroo yoo qulqulleesse, baasii qulqulleessuuf bahe abbaan miidhaa geessise bakka buusuu qaba. Raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
5) Misoomni gaggeeffamu kamiyyuu fayyaa namaa yookiin naannoo irratti miidhaa geessisa jedhamee yoo amaname, miidhaa gahuu danda'u hambisuuf Biiroon tarkaanfii akeekkachiisaa barreeffamaan yookiin hanga dhaabsisuu fi cufuu yookiin iddoo biraatti dabarsuuf gahu fudhachuu ni danda'a.

**፫. የጾታ አገላለጽ**

በዚህ አዋጅ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለፀ ሁሉ የሴትንም ፆታ ያካትታል።

**፬. የአፈጻጸም ወሰን**

ይህ አዋጅ በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልል ውስጥ በሚካሄዱት ሁሉም ፕሮጀክቶች ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል።

## ክፍል ሁለት የአካባቢ ብክለት

**፭. የአካባቢ ብክለት ቁጥጥር**

፩) ማንም ሰው ተገቢውን የአካባቢ ደረጃ በመተላለፍ አካባቢን መበከል ወይም በሌላ ሰው በኩል እንዲበከል ማድረግ አይችልም።
፪) ይህን አዋጅ እና ሌሎች ህጎችን በመተላለፍ በካይ ነገሮችን ወደ አካባቢ በሚለቅ ሰው ላይ ቢሮው አዋጁንና የሚወጣውና ደንብ መሠረት በማድረግ የእርምት እርምጃዎችን መውሰድ ይችላል።
፫) ብክለት ወይም ሌላ ጉዳት በአካባቢ ላይ ሊያደርስ በሚችል ሥራ ላይ የተሰማራ ማንኛውም ሰው የአካባቢ ብክለትን ለማስወገድ ወይም ወደተፈላጊው መጠን ለመቀነስ ተስማሚ ቴክኖሎጂ መጠቀም ወይም ቆሻሻ ተመልሶ ጥቅም ላይ የሚውልበት ሁኔታ ላይ መሥራት አለበት።
፬) የአካባቢ ብክለትን ያደረሰ ማንኛውም ሰው በተወሰነ ጊዜ ውስጥ አካባቢውን ማፅዳት አለበት። መንግስት ወይም ሌላ አካል አካባቢውን ካፀዳ ለማፅጃ የወጣውን ወጪ ጉዳት ያደረሰው አካል መሸፈን አለበት። ዝርዝር አፈፃፀሙም በሚወጣው ደንብ ይወሰናል።
፭) ማንኛውም የልማት ሥራ በሰው ጤና ወይም በአካባቢ ላይ ጉዳት ሊያደርስ ይችላል ተብሎ ከታመነበት ሊመጣ የሚችለውን ጉዳት ለመከላከል ሲባል ቢሮው የፅሁፍ ማስጠንቀቂያ ወይም ሥራ እስከ ማስቆምና መዘጋት ወይም ወደ ሌላ ቦታ እስከ ማዛወር የሚደርስ እርምጃ ሊወስድ ይችላል።

**3. Gender Description**

Provisions of this Proclamation set out in a masculine gender shall also apply to the feminine gender.

**4. Scope of Implementation**

This Proclamation shall be effective on all projects to be under taken in the National Regional State of Oromia.

## PART TWO ENVIRONMENTAL POLLUTION

**5. Environmental Pollution Control**

1) No person shall pollute or cause any other person to pollute the environment by violating the relevant environmental standard.
2) The Bureau may take corrective measure against a person who contrary to the provisions of this Proclamation or and any other laws issued, releases any pollutant to the environment.
3) Any person engaged in any field of activity which is likely to cause pollution or any other environmental hazard shall, install a sound technology that avoids or reduces, to the required minimum, the generation of waste and, when feasible, apply methods for the recycling of waste.
4) Any person who causes any pollution shall be required to clean up the polluted environment within a limited period of time. When the government or other body cleans the environment, the person who causes pollution shall pay the cost of cleaning. The detail Shall be determined by the Regulation to be issued.
5) When any development activity believed to pose a risk to human health or to the environment, the Bureau shall take any necessary measure up to the closure or relocation of any enterprise in order to prevent harm.

**6. Haala Qabiinsa Gataa Hamaa, Keemikaalota Hamaa fi Wantoota 'Raadiyo-Aktiivii' Ta'an**

1) Biiroo irraa yookiin qaama seeraan aangoon kennameef irraa hayyama osoo hin argatin, gataa hamaa kamiyyuu maddisiisuu, kuusuu, geejjibuu, geejjibsiisuun yookiin maqsuun dhorkaadha.

2) Gataa hamaa walitti qabuu, deebisanii hojii irra oolchuu, geejjibuu yaaluu yookiin maqsuu irratti namni bobba'e kamiyyuu naannoo yookiin jireenya namaa irratti miidhaan akka hin geenye of-eegannoo barbaachisaa taasisuu qaba.

3) Qaamni kamiyyuu wantoota 'Raadiyo-Aktiivii' ta'an qotanii baasuuf, oomishuuf, raabsuuf, kuusuuf, geejjibuuf yookiin itti fayyadamuuf qaama dhimmi ilaallatu irraa hayyama argachuu isaa Biiroon mirkanaa'uu qaba.

4) Keemikaala hamaa jedhamee kan beekame yookiin faayidaa murtaa'e qofaaf akka oolu kan murtaa'e qopheessuuf, oomishuuf, raabsuuf, kuusuuf, geejjibuuf yookiin itti fayyadamuuf Biiroo yookiin qaama dhimmi ilaallatu irraa hayyama argachuu qaba.

5) Namni keemikaala hamaa ta'e yookiin faayidaa murtaa'eef oolu oomishuu, qopheessuu, geejjibuu yookiin daldaluu irratti bobba'e kamiyyuu keemikaalichi akkaataa sadarkaa baheen kan galmeeffame, saamsame, mallattoon itti maxxanfamee fi yeroon itti fayyadama isaa kan hin darbine ta'uu isaa mirkaneeffachuu qaba.

6) Meeshaalee keemikaalli hamaan keessaa dhume kamiyyuu miidhaa kan hin geessifne ta'uu isaa Biiroon osoo hin mirkaneessin gurguruun, gatuun, awwaaluun, gubuun, namaaf kennuun yookiin itti fayyadamuun dhorkaadha.

**፮. አደገኛ ቆሻሻ፣ አደገኛ ኬሚካሎችና ጨረር አመንጪ የሆኑ ቁሶች አያያዝ**

፩). ከቢሮ ወይም በህግ ስልጣን ከተሰጠው አካል ፈቃድ ሳያገኝ ማንኛውንም አደገኛ ቆሻሻ ማመንጨት፣ ማስቀመጥ፣ ማከማቸት፣ ማጓጓዝ ወይም ማስወገድ የተከለከለ ነው።

፪) አደገኛ ቆሻሻን በመሰብሰብ ተመልሶ በጥቅም ላይ በማዋል፣ በማጓጓዝ፣ በማምከን ወይም በማስወገድ ሥራ ላይ የተሰማራ ማንኛውም ሰው በአካባቢ ወይም በሰው ኑሮ ላይ ጉዳት እንዳይደርስ ተገቢውን ጥንቃቄ ማድረግ አለበት።

፫) ማንኛውም አካል ጨረር አመንጪ ቁስን ከከርሰ ምድር ለማውጣት፣ ለማምረት፣ ለማስቀመጥ፣ለማሰራጨት፣ ለማከማቸት፣ ለማጓጓዝ ወይም ለመጠቀም ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ፈቃድ ማግኘቱ በቢሮ መረጋገጥ አለበት።

፬) አደገኛ ተብሎ የታወቀን ወይም ለተወሰነ አገልግሎት ብቻ እንዲውል የተወሰነን ኬሚካል ለማዘጋጀት፣ ለማምረት፣ ለማስቀመጥ፣ ለማሠራጨት፣ ለማከማቸት፣ ለማጓጓዝ ወይም በጥቅም ላይ ለማዋል ከሚመለከተው አካል ፈቃድ ማግኘት አለበት።

፭) አደገኛ የሆነ ወይም ለተወሰነ አገልግሎት የሚውል ኬሚካልን በማምረት፣በማዘጋጀት፣ በማጓጓዝ ወይም ንግድ ሥራ ላይ የተሠማራ ማንኛውም ሰው ኬሚካሉ በወጡ ደረጃዎች መሠረት መመዝገቡ፣ መታሸጉ፣ ምልክት የተለጠፈበትና የመጠቀሚያ ጊዜው ያላለፈበት መሆኑን ማረጋገጥ አለበት።

፮) ማንኛውንም የአደገኛ ኬሚካል መያዣ ዕቃ ጉዳት የማያደርስ መሆኑ በቢሮ ሳይረጋገጥ መሸጥን መጣል፣ መቅበር፣ ማቃጠልና ለሰው መስጠት ወይም መጠቀም የተከለከለ ነው።

**6. Management of Hazardous Waste, Hazardous Chemical and Radioactive Substances**

1) The generation, keeping, storage, transportation, make to transport or treatment or disposal of any hazardous waste without a permit from the Bureau or the competent body is prohibited.

2) Any person engaged in the collection, recycling, transportation, treatment or disposal of any hazardous waste shall take appropriate precaution to prevent any damage to the environment or to human health or well-being.

3) The mining, processing, distribution, storage, transportation or use of substances shall be subject to a permit from the competent body, and that may ensure by the Bureau.

4) The preparation, production, keeping, distribution, storage, transportation or use of a chemical categorized as hazardous or of restricted use, shall be subject to a permit from the Bureau or from other competent agency.

5) Any person engaged in the production, preparation, transportation or in trading in any hazardous or restricted chemical may ensure that the chemical is registered, packed, labeled as per the applicable standards and must check its expiration date.

6) Without the approval from the Bureau, whether the container of any hazardous waste is harmful or safe, selling, disposing, burning, giving to people or usage of these containers is prohibited.

7) Gataa yookiin keemikaalootaa hamoo jedhaman, tarreeffamni isaanii Dambii Labsii kana hojii irra oolchuuf bahu keessatti kan tumamu ta'a.

**7. Qabiinsa Gataa Magaalaa**

1) Bulchiinsi magaalaa sirna qabiinsa gataa qindaa'e diriirsuu qaba.
2) Biiroon gahumsa sirna qabiinsa gataa magaalotaa madaaluu fi hojii irra oolmaa isaanii gamaaggamuun raawwii isaa ni to'ata.
3) Wantoota gataa magaalotaa maqsuuf tajaajilan iddoo barbaachisaa ta'etti bulchiinsa magaalaatiin qophaa'uu isaanii Biiroon ni to'ata.
4) Qaamni iddoo tajaajila bashannanaa ummataaf banaa ta'e bulchu kamiyyuu bakka kanatti manni fincaanii gahaa fi mijaa'aa ta'e, iddoon kuusaa gataa tajaajilaa barbaachisaa ta'an hunda guutuu qaba.

**8. Qabiinsa Gataa Dhaabbilee**

1) Dhaabbatni kamiyyuu sirna qabiinsa gataa mijaa'aa ta'ee fi gahumsa qabu diriirsuu qaba.
2) Biiroon sirni qabiinsa gataa dhaabbatni diriirsu mijaa'aa fi ga'umsa kan qabu ta'uu isaa ni madaala, ni to'ata.
3) Bakki gataan dhaabbilee adda addaa itti gatamu naannoo ummatni jiraatu yookiin kuufama gataa kanaan wantoota miidhaan irra gahuu danda'u irraa fagaachuu qaba. Raawwiin isaa Danbiin kan murtaa'u ta'a.
4) Biiroon qaama dhimmi ilaallatu waliin ta'uudhaan sirna qabiinsa gataa dhaabbilee adda addaa itti gaggeeffamu ni to'ata.
5) Dhaabbanni kamiyyuu gataa dhaabbaticha keessaa ba'u bakka Bulchiinsi Magaalaa yookiin Bulchiinsi Aanaa qopheessetti gatuuf dirqama qaba.
6) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, mijaa'ina iddoo gataan itti gatamuuf qophaa'e Biiroon ilaalamee mirkanaa'uu qaba.

፯) አደገኛ ተብሎ የተመደበን ቆሻሻ ወይም ኬሚካል ዝርዝር ይህን አዋጅ ሥራ ለማዋል በሚወጣው ደንብ ውስጥ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**፯. የከተማ ቆሻሻ አያያዝ**

፩) የከተማ አስተዳደር የተቀናጀ የከተማ ቆሻሻ አያያዝ ሥርዓትን መዘርጋት አለበት፡፡
፪) ቢሮው የከተማ አስተዳደር ቆሻሻ አያያዝ ሥርዓት ብቃትን መመዘንና አተገባበራቸውን በመገምገም አፈፃፀማቸውን ይቆጣጠራል፡፡
፫) ቢሮው የከተማ ቆሻሻን ለማስወገድ የሚያገለግሉ ቁሳቁሶችን በከተማ አስተዳደሮች ተዘጋጅቶ በተገቢው ቦታ ላይ መኖራቸውን ይቆጣጠራል፡፡
፬) ለሕዝብ አገልግሎት ክፍት የሆኑ የመዝናኛ ቦታዎችን የሚያስተዳድር ማንኛውም አካል በቂና ተስማሚ የመፀዳጃ ቤት፣ የቆሻሻ ማጠራቀሚያና ሌሎች አስፈላጊ የሆኑ መጣያ መገልገያዎችን ሁሉ ማሟላት ይኖርበታል፡፡

**፰. የድርጅቶች የቆሻሻ አያያዝ**

፩) ማንኛውም ድርጅት አመቺና ብቁ የሆነ የቆሻሻ አያያዝ ሥርዓት መዘርጋት አለበት፡፡
፪) ቢሮው በድርጅቶች የሚዘረጋ የቆሻሻ አያያዝ ሥርዓት አመቺና ብቃት ያለው መሆኑን ይገመግማል፣ይቆጣጠራል፡፡
፫) የድርጅቶች የቆሻሻ መጣያ ቦታ ከመኖሪያ ቤቶች ወይም በዚህ ቆሻሻ መጣያ ቦታ ምክንያት ተፅዕኖ ሊደርስባቸው ከሚችሉ ነገሮች መራቅ አለበት፡፡ አፈፃፀሙ በሚወጣው ደንብ ይወሰናል፡፡
፬) ቢሮው ከሚመለከታቸው አካላት ጋር በመሆን የድርጅቶችን የቆሻሻ አያያዝ ስርዓትን ይቆጣጠራል፡፡
፭) ማንኛውም ድርጅት የሚያመነጨውን ቆሻሻ በከተማ ወይም በወረዳ አስተዳደሮች በተዘጋጀላቸው ቦታ ላይ የመጣል ግዴታ አለበት፡፡
፮) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፭ ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ለቆሻሻ መጣያ የተዘጋጀው ቦታ አመቺነት በቢሮ መረጋገጥ አለበት፡፡

7) The lists of chemicals or wastes categorized as hazardous shall be determined by the regulation issued hereunder.

**7. Management of Municipal Waste**

1)Urban administration shall have an integrated municipal waste management system.
2) The Bureau shall monitor and evaluate the adequacy of municipal waste management systems and ensure the effectiveness of their implementation.
3) The Bureau shall monitor the availability of waste disposal facilities at appropriate location by urban administrations.
4) Anybody responsible for the administration of the public recreation areas at all times shall, ensure that adequate and suitable toilets, containers and other required facilities are provided for the disposal of waste.

**8. Organizations Waste Management**

1) Any organization shall implement convenient and capable waste management systems.
2) The Bureau shall monitor and evaluate the implementation of convenient and capable waste management systems by organizations.
3) Waste disposal sites should be far from residential areas and anything that can be impacted by this waste disposal. Its implementation shall be determined by the regulation to be issued.
4) The Bureau, in collaboration with concerned body shall monitor organizations' waste management system.
5) Any organization shall have an obligation to dispose its waste on areas provided by the urban or district administrations.
6) Without prejudice to Sub-Article 5 of this Article, the convenience of the areas allotted for the waste disposal shall be ensured by the Bureau.

**9. Faalama Sagalee**

1) Namni kamiyyuu wantoota sagalee sadarkaa ol ka'iinsa hayyamameen ol fayyadamuun namaa fi naannoo irratti miidhaa fi dhiibbaa geessisuu hin qabu.
2) Namni kamiyyuu jiruu fi jireenyi isaa sagalee miidhaa geessisuun jeeqamuu hin qabu.
3) Namni yookiin dhaabbanni sagalee miidhaa geessisu maddisiisuun fayyaa namaa yookiin naannoo irratti miidhaa geessise miidhaa gaheef itti gaafatamummaa qaba.
4) Dhaabbanni yookiin warshaan sagalee miidhaa geessisu maddisiisu kamiyyuu fayyaa hojjattoota isaa irratti miidhaan akka hin geenye kan gargaaran meeshaalee barbaachisaa ta'an guutuuf dirqama qaba.
5) Biiroon dhaabbata sagalee miidhaa geessisu maddisiisu akka barbaachisummaa isaatti qorannaa fi istaandaardii qophaa'e irratti hundaa'ee hanga dhaabbaticha cufuutti tarkaanfii fudhachuu ni danda'a.

## KUTAA SADII
## LAABORAATORII FI SADARKAALEE EEGUMSA NAANNOO BAASUU

**10. Waa'ee Laaboraatorii**

1) Biiroon, eegumsa naannoo fi ittisa faalama naannoo ilaalchisee itti gaafatamummaa isaa bahuu akka danda'u laaboraatorii naannoo hundeessuu qaba.
2) Warshaaleen naannicha keessa jiran laaboraatorii ofii akka qabaatan Biiroon deeggarsaa fi hordoffii teeknikaa barbaachisaa ta'e ni taasisa.
3) Dogongora ragaa qorannoo laaboraatorii Biiricha keessatti uumamuuf Biiroon itti gaafatamummaa ni qabaata.
4) Laaboraatoriin hundeeffamu tajaajila kennuuf kaffaltii madaalawaa ni kaffalchiisa. Raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
5) Laaboraatoriin hundeeffamu tajaajila qulqullina qabuu fi sadarkaa isaa eeggate kennuuf dirqama qaba.

**፱. የድምጽ ብክለት**

፩) ማንኛውም ሰው ከተቀመጠለት የድምፅ መጠን በላይ የሚያወጣ መሣሪያ በመጠቀም በሰውና በአካባቢ ላይ ተፅዕኖ ወይም ጉዳት ማድረስ የለበትም።
፪) ማንኛውም ሰው የዕለት ኑሮው ጉዳት በሚያደርስ ድምፅ መታወክ የለበትም።
፫) ጉዳት የሚያደርስ ድምፅ በመልቀቅ በሰው ጤና ወይም በአካባቢ ላይ ጉዳት ያደረሰ ሰው ወይም ድርጅት ላደረሰው ጉዳት ተጠያቂ ይሆናል ።
፬) ጉዳት የሚያደርስ ድምፅ የሚያወጣ ማንኛውም ድርጅት ወይም ፋብሪካ በሠራተኞቹ ላይ ጉዳት እንዳይደርስ የሚረዱ መሣሪያዎችን ለሠራተኞቻቸው የማሟላት ግዴታ አለባቸው።
፭) ቢሮው ጉዳት ሊያደርስ የሚችል ድምፅ በሚያወጣ ድርጅት ላይ በጥናትና በተዘጋጀው መስፈርት ላይ ተመርኩዞ እንዳስፈላጊነቱ ድርጅቱን እስከ መዝጋት የሚደርስ እርምጃ መውሰድ ይችላል።

## ክፍል ሶስት
## ቤተ-ሙከራ እና የአካባቢ ጥበቃ ደረጃዎች ስለ ማውጣት

**፲. ስለ ቤተ-ሙከራ**

፩) ቢሮው የአካባቢ ጥበቃን ብክለት ቁጥጥርን አስመልክቶ የተጣለበትን ኃላፊነት ለመወጣት የአካባቢ ጥበቃ ቤተ-ሙከራ ማቋቋም አለበት።
፪) በክልሉ ውስጥ የሚገኙ ፋብሪካዎች የራሳቸው ቤተ-ሙከራ እንዲኖራቸው ቢሮው አስፈላጊ የሆነ የቴክኒክ ድጋፍ እና ክትትል ያደርጋል።
፫) በቢሮው ቤተ-ሙከራ ውስጥ ለሚፈጠሩ የምርምር ስህተቶች ቢሮው ተጠያቂ ይሆናል።
፬) የሚያቋቁመው ቤተ-ሙከራ ለሚሰጣቸው አገልግሎት ተመጣጣኝ ክፍያን ያስከፍላል። አፈፃፀሙም በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።
፭) የሚቋቋመው ቤተ-ሙከራ ጥራት ያለውና ደረጃውን የጠበቀ አገልግሎት የመስጠት ግዴታ አለበት።

**9. Noise Pollution**

1) Any person shall not use an instrument that produces sound above permissible noise level that can harm human health and the environment.
2) No person shall be disturbed by the noise pollution that can harm his daily life.
3) A person or an organization is liable for the release of noise that can harm human health and the environment.
4) Any organization or factory releasing noise that can harm the health of employees shall have the responsibility to provid necessary protective devices to protect their well being.
5) The Bureau shall take any corrective measure up to closure of an organization releasing noise that can pose harm, as necessary based on study and set standard.

## PART THREE
## LABORATORY AND SETING ENVIRONMENTAL PROTETION STANDARDS

**10. Laboratory**

1) The Bureau must establish environmental laboratory in order to discharge its responsibilities in view of environmental protection and pollution control.
2) The Bureau shall provided technical assistance and make supervision to those factories in the region to have their own laboratory service.
3) The Bureau shall be liable for analytical test result error made in the laboratory.
4) The laboratory to be established will charge fair payment for service provision. Its implementation shall be determined by the Regulation to be issued.
5) The laboratory to be established shall be obligated to provide quality and standardized service.

6) Laaboraatorii keessatti qorannoon adeemsifamee bu'aan xiinxala ogummaan irra gahame seera duratti fudhatama ni qabaata.
7) Laaboraatorii keessatti namootni tajaajila kennan naamusa hojichi gaafatu guutanii argamuuf dirqama qabu.
8) Laaboraatorichi gataawwan magaalaa fi dhaabbilee adda addaa keessaa bahan iddoo fi yeroo barbaachisaa ta'etti saamuda fudhachuudhaan sadarkaa qulqullina isaanii ni hordofa, ni mirkaneessa.

## 11.Sadarkaa Eegumsa Naannoo

1) Sadarkaan eegumsa naannoo akka biyyaatti bahe akka eegametti ta'ee, Biiroon haala qabatamaa Naannoo Oromiyaa irratti hundaa'uun sadarkaa eegumsa naannoo iddoo adda addaatiif ni qopheesa, hojii irra ni oolcha.
2) Sadarkaan akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin bahan yoo xiqqaate wantoota armaan gadii of-keessatti qabaachuu qabu:
(a) Sadarkaa gataa dhangala'aa gara qaamolee bishaanii fi gara sararoota dhangala'ootti gad-lakkifamanii;
(b) Sadarkaa qulqullina qilleensa naannoo fi hanga faaltotaa, madda socho'anii fi hin sochoone irraa gadi-lakkifaman kan ibsu;
(c) Sadarkaa akaakuu fi hanga wantoota biyyeetti dabalaman yookiin biyyee irratti yookiin biyyee keessatti gataman ibsu;
(d) Haala qabatamaa fi dandeettii saayinsii fi teekinoloojii biyyaa irratti hundaa'uudhaan sadarkaa hanga ol-ka'iinsa sagalee hayyamame murteessu;
(e) Sadarkaa hangaa fi tooftaa qabiinsa gataan akaakuu adda addaa itti maddu, qabamu, kuusamu, maqfamu, geejjibamuu fi gatamu ibsu.

፮) በቤተ-ሙከራ ውስጥ ምርመራ ተደርጎ የተደረሰበት ሙያዊ የትንተና ውጤት በሕግ ፊት ተቀባይነት ይኖረዋል።
፯) በቤተ-ሙከራ ውስጥ አገልግሎት የሚሰጡ ሰራተኞች ሥራው የሚጠይቀውን ሥነ ምግባር አሟልተው መገኘት አለባቸው።
፰) ቤተ-ሙከራው ከከተሞችና ከተለያዩ ድርጅቶች የሚወጡትን ቆሻሻዎች አስፈላጊ በሆነ ቦታና ጊዜ ናሙና በመውሰድ የጥራት ደረጃቸውን ይከታተላል፣ ያረጋግጣል።

## ፲፩. የአካባቢ ጥበቃ ደረጃዎች

፩) በሀገር ደረጃ የወጣው የአካባቢ ደረጃ እንደተጠበቀ ሆኖ ቢሮው የኦሮሚያን ክልል ተጨባጭ ሁኔታ መሠረት በማድረግ ለተለያዩ ቦታዎች የአካባቢ ደረጃዎችን ያዘጋጃል፣ ሥራ ላይ ያውላል።
፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ መሠረት የአካባቢ ደረጃዎች ቢያንስ የሚከተሉትን ማካተት አለባቸው።
(ሀ) ወደ ውሃ አካላትና ፍሳሽ መቀበያ መስመሮች የሚለቀቁ ፍሳሽ ደረጃዎች፣
(ለ) የአካባቢ አየር ጥራትን የሚገልጹ ከሚንቀሳቀሱና ከማይንቀሳቀሱ ከአየር ብክለት ምንጭ የሚለቀቁ የአየር ጥራት ደረጃዎች፣
(ሐ) ወደ አፈር የሚጨመሩ በአፈር ላይ ወይም ውስጥ የሚወገዱ ቁሶችን ዓይነትና መጠን የሚወስኑ የአፈር ጥራት ደረጃዎች፣
(መ) የሀገሪቱን ተጨባጭ ሁኔታ የሳይንስና ቴክኖሎጂ አቅምን መሠረት በማድረግ የሚፈቀደውን ከፍተኛ የድምፅ መጠን ልቀት ደረጃዎችን፣
(ሠ) ለተለያዩ የቆሻሻ ዓይነቶች አመነጫጨትና አያያዝ፣ አከመቻቸት አጓጓዝና አወጋገድን የሚያገለግሉ የመጠንና የአተገባበር ደረጃዎችን መግለፅ።

6) The result of professional explanation achieved by laboratory test shall be acceptable before the law.
7) The laboratory staff are liable to have required work discipline while their delivering service.
8) The laboratory shall monitor and ensure the quality and standard of waste from municipal and different organizations by sampling at spot when necessary.

## 11. Environmental Protection Standards

1) Without prejudice to the environmental standards issued at national level, the Bureau may issue environmental standards based on the specific situation of the region for different areas.
2) According to this Article Sub Article 1, the environmental standards to be issued shall include at least the following:
(a) Standards for the discharge of effluents into water bodies and sewage systems;
(b) Air quality standards that specify the ambient air quality and give the allowable amounts of emission for both stationary and mobile air pollution sources;
(c) Standards for the types and amounts of substances that can be applied to the soil or be disposed of on or in it;
(d) Standards for noise providing for the maximum allowable noise level taking into account the settlement patterns and the availability of scientific and technological capacity in the country;
(e) Waste management standards specifying the levels allowed and the methods to be used in the generation, handling, storage, treatment, transport and disposal of the various types of waste.

## KUTAA AFUR
## TO'ATTOOTA NAANNOO

### 12. To'attoota Naannoo

1) To'attoonni naannoo Biiroodhaan kan ramadaman ta'u.
2) To'attoonni naannoo yeroo hojii isaanii raawwatan itti gaafatamummaa cimaa fi loogii malee raawwachuu qabu.

### 13. Aangoo fi Gahee Hojii To'attoota Naannoo

To'attoonni naannoo aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaatu;

1) Hojii irra oolmaa sadarkaalee eegumsa naannoo fi dirqama kanaan walqabatan ni to'atu;
2) Waraqaa eenyummaa Biiroodhaan kennameef qabachuu fi yeroo gaafataman agarsiisuu qabu;
3) Mooraa yookiin dallaa dhaabbata kamiyyuu yeroo seenan abbaa qabeenyaa yookiin hojii gaggeessaa dhaabbatichaa yookiin bakka bu'aa isaa beeksisuu qabu;
4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma eegameetti ta'e to'ataan naannoo adeemsa hojii isaa kan gufachiisu yoo ta'e, abbaa qabeenyaa osoo hin beeksisin yookiin ajaja Mana Murtii osoo hin qabaatin gara mooraa yookiin bakka hojii dhaabbilee kamiyyuu seenee sakatta'uu ni danda'a;
5) Faalama naannoo wajjiin kan walqabatan odeeffannoo fudhachuu, dookimantii yookiin galmee yookiin harshammee kamiyyuu sakatta'uu, footoo koppii kaasuu fi waraabuu ni danda'u;
6) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee to'attoonni ragaalee sassaabaman icciitin eeguu fi kaayyoo biraatiif akka hin oolle of-eegganoo cimaa gochuu qabu;
7) Yeroo to'annoo gaggeessan galmee yaadannoo irratti yaada yookiin ajaja barreeffamaa dabarsuu ni danda'u. Galmeen yaadannoo kan hin jirree yoo ta'e garuu, guyyoota lama keessatti xalayaadhaan yaada yookiin ajaja kennuu ni danda'u;



## ክፍል አራት
## የአካባቢ ተቆጣጣሪዎች

### ፲፪. የአካባቢ ተቆጣጣሪዎች

፩) የአካባቢ ተቆጣጣሪዎች በቢሮ የሚመደቡ ይሆናል።
፪) የአካባቢ ተቆጣጣሪዎች ሥራቸውን ሲያከናውኑ በተጠያቂነትና ያለ አድልዎ መፈፀም አለባቸው።

### ፲፫. የአካባቢ ተቆጣጣሪዎች ስልጣንና ተግባር

የአካባቢ ተቆጣጣሪዎች የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖራቸዋል፣

፩) የአካባቢ ጥበቃ ደረጃዎችንና ተዛማጅ ግዴታዎች በሥራ ላይ መዋላቸውን ይቆጣጠራሉ፣
፪) ከቢሮ የተሰጣቸውን የመታወቂያ ወረቀት መያዝ፣ ሲጠየቁም ማሳየት አለባቸው፣
፫) ተቆጣጣሪዎች ወደ ማንኛውም ድርጅት ቅጥር ግቢ ወይም ቦታ ሲገቡ ባለንብረቱን ወይም ሥራ አስኪያጁን ወይም ተወካዩን ማሳወቅ አለባቸው፣
፬) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፫ ድንጋጌ እንደተጠበቀ ሆኖ የአካባቢ ተቆጣጣሪ የሥራ አፈፃፀሙን የሚያሰናክል ከሆነ ባለንብረቱን ሳያሳውቅ ወይም የፍርድ ቤት ትዕዛዝ ሳይዝ ወደ ማንኛውም ድርጅት ቅጥር ግቢ ወይም የሥራ ቦታ መግባት ይችላል፣
፭) ከአካባቢ ብክለት ጋር ተያያዥነት ያላቸውን ማንኛውንም መረጃ ማግኘት፣ ማህደር ወይም መመዝገብ ወይም ሰነድ መፈተሽ፣ መገልበጥና መቅዳት ይችላሉ።
፮) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፭ ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ተቆጣጣሪዎች የወሰዱትን መረጃዎች በምስጢር መያዝና ለሌላ ዓላማ እንዳይውል አስፈላጊ ጥንቃቄ ማድረግ አለባቸው፣
፯) የአካባቢ ቁጥጥር ሲያደርጉ በአስተያየት መስጫ መዝገብ ላይ አስተያየታቸውን በፅሑፍ ማስቀመጥ ይችላሉ። የአስተያየት መስጫ ከሌለ ግን በሁለት ቀናት ውስጥ በደብዳቤ ሐሳብ ወይም ትዕዛዝ መስጠት ይችላሉ፣



## PART FOUR
## ENVIRONMENTAL INSPECTORS

### 12. Environmental Inspectors

1) Environmental inspectors shall be designated by the Bureau.
2) Environmental inspectors shall exercise due diligence and impartiality in discharging of their powers and duties.

### 13. Powers and Duties of Inspectors

Environmental inspectors shall have the following powers and duties:

1) Monitor compliance with environmental standards and related requirements;
2) Inspectors shall have an identity card issued by the Bureau, and show it when requested;
3) When inspectors on duty visit an undertaking of any organization, they shall notify the proprietor or the manager or the representative of the organization;
4) Without prejudice to Sub-Article 3 of this Article, when inspector consider that such notification may hinder his performance, enter any land or premises at any time which seems appropriate to him without prior notice or court order;
5) Obtain information, check or copy or extract any paper from file or record or any other documents related to pollution;
6) Without prejudice to Sub-Article 5 of this Article, the inspectors shall keep the information obtained confidentially and take necessary care not to use for other purpose;
7) The inspectors while inspecting any organization can write their comments on comment record. In the absence of comment record, they shall send written comments within two days;

8) Akka barbaachisummaa isaatti saamuda wantoota kamiyyuu kaffaltii malee fudhachuun miidhaa naannoo fi lubbuu irratti geessisuu fi dhiisuu isaa mirkaneessuudhaaf qorachuu yookiin qorachiisuu ni danda'u;
9) Labsii kanaa fi seerota biroo dhimma kanaan walqabatan kabajamuu isaanii mirkaneeffachuuf, oomisha, adeemsa oomishaa yookiin meeshaa oomisha safaru, fakkii yookiin suuraa kaasuu yookiin qorachuu ni danda'u;
10) Namni kamiyyuu Labsii kanaa fi seerota biroo dhimma kanaan walqabate darbee yoo argame balleessaa isaa tarreessuudhaan ibsuufii qaba. Badii raawwatame yeroo murtaa'e keessatti hambisuuf tarkaanfii fudhatamuu qabu ibsuudhaan tarkaanfichi akka fudhatamu ajajuu ni danda'a;
11) Gochi raawwatame kamiyyuu naannoo irratti miidhaa geessisuu danda'a jedhee yoo shakkee fi dhimmoota biroo murtee barbaadan irratti hogganaa Biiroo wajjiin mari'achuudhaan battalumatti tarkaanfii sirreeffamaa hanga gochicha dhaabsiisuutti ajaja kennuu ni danda'a;
12) Saamudni yemmuu fudhatamu abbaan qabeenyaa yookiin bakka bu'aan isaa bakka argametti ta'uu qaba.

## 14. Dirqama Abbaa Qabeenyaa fi Dhaabbataa

Abbaan Qabeenyaa yookiin Dhaabbanni kamiyyuu dirqama armaan gadii ni qabaatu:

1) To'ataan eegumsa naannoo yeroo to'annoo gaggeessu yaada yookiin ajaja kan irratti kennu galmee yaadannoo qopheessuu qaba;
2) To'ataan eegumsa naannoo yeroo hojii isaa hojjetu mooraa isaa banuun saamuda, odeeffannoo fi ragaalee barbaachisaa ta'an kennuu, akkasumas oomishaa fi adeemsaalee oomishaa agarsiisuuf hayyamamaa ta'uu qaba;
3) Yaada sirreeffamaa to'ataan eegumsa naannoo kennu fudhatee hojii irra oolchuu qaba;

፰) የማንኛውንም ቁስ ናሙናዎችን እንደአስፈላጊነቱ ያለ ክፍያ በመውሰድ በአካባቢና በህይወት ላይ ጉዳት የሚያደርስ መሆኑንን አለመሆኑን ለማረጋገጥ መመርመር ወይም ማስመርመር ይችላሉ ።
፱) ይህ አዋጅ እና አግባብ ያለው ሌላ ሕግ መከበሩን ለማረጋገጥ ምርትን፣ የምርት ሂደትን ወይም መገልያን መለካት፣መሣል ወይም ፎቶ ግራፍ ማንሣት ወይም ማጥናት ይችላሉ፣
፲) ማንም ሰው ይህን አዋጅ እና ሌሎች ከዚህ ጉዳይ ጋር የሚያያዙ ህጎችን ተላልፎ ከተገኘ፣ ጥፋቱ ተዘርዝሮ ሊብራራለት ይገባል፣ ይህንኑ መተላለፍ ለማስቀረት በተወሰነ ጊዜ ውስጥ መወሰድ ያለበትን እርምጃ በመግለጽም እርምጃው እንዲወሰድ ሊያዝ ይችላል፣
፲፩) ማንኛውም እንቅስቃሴ በአካባቢ ላይ ጉዳት ሊያደርስ ይችላል ብሎ ከጠረጠረና ሌሎች ውሳኔ የሚሹ ጉዳዮች ላይ ከቢሮ ኃላፊ ጋር በመመካከር ተቆጣጣሪዎች ወዲያው እንቅስቃሴውን እስከ ማስቆም የሚደርስ የእርምት እርምጃ እንዲወሰድ ትዕዛዝ መስጠት ይችላል፣
፲፪) ናሙና ሲወሰድ ባለንብረቱ ወይም ወኪሉ በተገኘበት መሆን አለበት፣

## ፲፬. የባለንብረትና የድርጅት ግዴታ

ማንኛውም ባለንብረት ወይም ድርጅት የሚከተሉት ግዴታዎች ይኖሩታል፣

፩) የአካባቢ ጥበቃ ተቆጣጣሪ ቁጥጥር ሲያደርግ ሐሳብ ወይም ትዕዛዝ የሚሰጥበትን መዝገብ ማዘጋጀት አለበት፣
፪) የአካባቢ ተቆጣጣሪዎች የቁጥጥር ሥራዎችን ሲያከናውኑ ድርጅቱ ግቢውን ክፍት በማድረግ ናሙናዎችን፣ አስፈላጊ የሆኑ መረጃዎችንና ማስረጃዎችን በመስጠት እንዲሁም ምርትንና የምርት ሂደትን ለማሳየት ፈቃደኛ መሆን አለበት፣
፫) ከአካባቢ ተቆጣጣሪዎች የሚሠጠውን አስተያየት ተቀብሎ በሥራ ላይ ማዋል አለበት፣

8) Take free of charge, samples of any material as required and carry out or cause to be carried out tests to ensure whether or not it causes harm to the environment or to life;
9) Take photographs, measure, draw, or examine any commodity, process or facility in order to ensure compliance with this Proclamation and with any other relevant law;
10) When a person contravenes any of the provisions of this Proclamation or of any other relevant laws, the inspectors on duty shall specify the matter constituting the contravention and may also specify the measures that shall be taken to remedy the contravention within a given period of time;
11) When inspectors on duty suspect that any activity may cause damage to the environment, they shall order the taking of corrective measures up to the immediate discontinuation of the activity;
12) Whenever a sample is to be taken, the proprietor has the right to be present or to send his representative.

## 14. The Obligation of the Proprietor and Organization

Any proprietor or organization shall have the following obligations:

1) The Inspector shall prepare comment record books on which the environmental inspectors write their comments or give orders during their inspection;
2) The Inspector have to be willing by opening their door when inspectors performing their activity to take samples, by providing the necessary information as well as showing production and production processes;
3) The proprietor or organization shall materialize the comments given by the inspectors;

4) Wantoota hamaa naannootti gadi-lakkisuu hin qaban;
5) Faalama naannoo to'achuun fayyummaa naannoo eegsisuuf ogeessa eegumsa naannoo qabaachuu qabu. Sochii hojii isaanii ilaalchisee kurmaana kurmaanaan gabaasa Biiroof dhiyeessuu qabu.

**15.Komii Dhiyeeffachuu**

1) Tarkaanfii to'ataan eegumsa naannoo fudhatu irratti namni komii qabu tarkaanfichi guyyaa fudhatame irraa eegalee guyyaa hojii kudhan keessatti Biirootti komii isaa dhiyeeffachuu ni danda'a.
2) Guyyaa komiin dhiyaate irraa eegalee guyyoota hojii shan keessatti Biiroon murtii kennuu qaba.
3) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti tumameen murtiin kan hin kennamne yoo ta'e yookiin murtii kenname irratti komiin yoo jiraate, guyyaa murtiin itti kenname yookiin murtiin itti kennamuu qabu irraa eegalee guyyoota soddoma keessatti iyyata isaa Mana Murtiitti dhiyeeffachuu ni danda'a.

**16. Jajjabeessituu**

Dhaabbanni hojii irra jiru kamiyyuu faalama naannoo ittisuuf yookiin hir'isuuf tooftaa dandeessisutti kan fayyadame yoo ta'e, jajjabeessituun ni kennamaaf. Raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**17. Eeruu kennuu**

1) Namni kamiyyuu naannoo irratti miidhaa geessise yookiin hojii miidhaa geessisuu danda'u hojjechaa jira jedhee yoo shakkee Biirootti eeruu kennuu qaba.
2) Namni eeruu kenne Biiroon eeruu dhiyaate irratti guyyoota kudha shan keessatti murtii itti kan hin kennine yoo ta'e yookiin murtii kenname irratti komiin yoo jiraate, guyyaa murtiin itti kenname yookiin murtiin itti kennamuu qabu irraa eegalee guyyoota jahaatama keessatti himannaa isaa Mana Murtiitti dhiyeeffachuu ni danda'a.
3) Namni eeruu kennu maqaa fi teessoo isaa ibsuuf dirqama hin qabu. Eeruun inni kennees icciitiidhaan ni eegama.

፬) አደገኛ የሆኑ ነገሮችን ወደ አካባቢ መልቀቅ የለባቸውም።

፭) የአካባቢ ብክለት በመቆጣጠር የአካባቢን ደህንነት ለመጠበቅ የአካባቢ ጥበቃ ባለሙያ ሊኖራቸው ይገባል። ስለሥራቸው እንቅስቃሴም በየሩብ ዓመቱ ለቢሮ ሪፖርት ማቅረብ አለባቸው።

**፲፭. ቅሬታ ስለ ማቅረብ**

፩) የአካባቢ ተቆጣጣሪዎች በወሰዱት እርምጃ ቅር የተሰኘ ማንኛውም ሰው እርምጃው ከተወሰደበት ቀን አንስቶ በአስር የሥራ ቀናት ውስጥ ለቢሮው ቅሬታውን ማቅረብ ይችላል።

፪) ቢሮው ቅሬታው ከደረሰው ቀን ጀምሮ በአምስት የሥራ ቀናት ውስጥ ውሳኔ መስጠት አለበት።

፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ ፪ መሠረት ውሳኔ ያልተሰጠ ከሆነ ወይም በተሰጠው ውሳኔ ቅር የተሰኘ ሰው ውሳኔው ከተሰጠበት ቀን ወይም መስጠት ከነበረበት ቀን አንስቶ በሰላሣ ቀናት ውስጥ ክሱን ለፍርድ ቤት ማቅረብ ይችላል።

**፲፮. ማበረታቻ**

ማንኛውም በሥራ ላይ ያለ ድርጅት ብክለትን ለመከላከል ወይም ለመቀነስ በሚያስችል ዘዴ የሚጠቀም ከሆነ ማበረታቻ ይሰጠዋል። አፈጻፀሙም በሚወጣ ደንብ ይወሰናል።

**፲፯. ጥቆማ መስጠት**

፩) ማንኛውም ሰው በአካባቢ ላይ ጉዳት አድርሷል ወይም ጉዳት ሊያስከትል የሚችል ተግባር እየፈፀመ ነው ብሎ ከጠረጠረ ለቢሮው ጥቆማ መስጠት አለበት።

፪) ቢሮው ለደረሰው ጥቆማ በአሥራ አምስት ቀናት ውስጥ ውሳኔ ካልሰጠ ወይም በተሰጠ ውሳኔ ካልተስማማ ውሳኔው ከተሰጠበት ቀን ወይም ውሳኔ መስጠት ከነበረበት ቀን አንስቶ በስልሳ ቀናት ውስጥ በፍርድ ቤት ክስ መመሥረት ይችላል።

፫) ጥቆማ የሚሰጥ ሰው ስሙንና አድራሻውን ለመግለጽ አይገደድም። የሰጠው ጥቆማም በምስጢር ይያዛል።

4) The proprietor or organization shall not release hazardous materials to the environment;
5) To control environmental pollution to safeguard human health and the environment, the proprietor or the organization shall assign an environmental expert. Activity report shall be presented quarterly to the Bureau.

**15. Submitting a Complaint**

1) Any person dissatisfied with the measures taken by the inspectors may submit his complaint to the Bureau within ten working days from the date on which the measure was taken.
2) The Bureau shall give decision within five working days fro the date of the acceptance of the complaint.
3) Where no decision has been given as per Sub-Article 2 of this Article, or there is a complaint against a given decision, any person may submit the case to a court within thirty days from the date on which the decision was given or supposed to be given.

**16. Incentives**

Incentives shall be given for the introduction of methods that enable the prevention or minimization of pollution in any existing undertaking. Its implementation shall be determir by the Regulation to be issued.

**17. Tip-off**

1) Any person shall have, the duty to inform the Bureau against anybody allegedly causing actual or potential damage to the environment.
2) When the Bureau fails to give a decision within fifteen days of the acceptance of the tip-off or the person who has tipped-off is dissatisfied with the decision, may submit the case to the court with in sixty days from the date the decision was given, or was supposed to be given.
3) A person who tipps-off is not obligated to give his name and address. The information he gave shall be kept confidential.

## KUTAA SHAN
## BALLEESSAA FI ADABBII

### 18. Balleessaa fi Adabbii Dhaabbileen Wal-qabatan

To'ataan eegumsa naannoo hojii isaanii akka hin raawwanne kan gufachiise, haala seera qabeessa ta'een waan gaafate yookiin ajaje kan hin raawwanne, to'ataan mooraa yookiin dallaa yookiin iddoo kamiyyuu akka hin seenne kan dhoorke, dokmantii yookiin galmee akka hin qoranne, fotoo koppii akka hin kaasne, akka hin sakattaane, akka hin waraabne yookiin odeeffannoo kan dhorkate, kan dogoggorsiise yookiin odeeffannoo dogoggoraa kan kenne kamiyyuu:

1) Nama uumamaa yoo ta'e, adabbii maallaqaa qarshii kuma sadii gadi hin taanee fi qarshii kuma kudhan hin caalleen ni adabama.
2) Qaama seeraan namummaan kennameef yoo ta'e, adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhanii gadi hin taanee fi qarshii kuma digdama hin caalleen ni adabama.
3) Gaggeessaan hojii dhaabbatichaa adabbii hidhaa waggaa tokko gadi hin taanee fi waggaa lama hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma shanii gadi hin taanee fi qarshii kuma kudhan hin caalleen yookiin lamaaniinuu ni adabama.

### 19. Balleessaa fi Adabbii Itti gaafatamaa fi To'ataan Walqabatan

Ittigaafatamtoonni Biiroo sadarkaa sadarkaan jiran yookiin to'ataan eegumsa naannoo ta'e jedhee faayidaa hin malle argachuuf yookiin nama biraatiif argamsiisuuf jecha aangoo seeraan ala itti fayyadamuudhaan ragaa dogoggoraa yoo kenne yookiin akka kennamu yoo taasise yookiin ragaa dogoggoraa irratti hundaa'uudhaan murtii kenne yookiin ragaa yoo balleesse adabbii hidhaa waggaa sadii gadi hin taanee fi waggaa saddeet hin caalleen yookiin adabbii qarshii kuma kudha shanii gadi hin taanee fi kuma soddoma hin caalleen ni adabamu.

## ክፍል አምስት
## ስለ ጥፋትና ቅጣት

### ፲፰. ከድርጅቶች ጋር በተያያዘ ስለሚፈፀሙ ጥፋቶች

የአካባቢ ተቆጣጣሪዎች ሥራቸውን እንዳያከናውኑ ያደናቀፈ፣ በሕግ መሠረት የጠየቁትን ወይም ያዘዙትን ያልፈፀመ ተቆጣጣሪዎች ወደ ቅጥር ግቢ ወይም የሥራ ቦታ እንዳይገቡ ወይም ዶክሜንት ወይም መዛግብትን እንዳይመረምሩ፣ እንዳያገላብጡ፣ እንዳይፈትሹ፣ እንዳይቀሱ ወይም መረጃ የከለከለ ያሳሳተ ወይም የተሳሳተ መረጃ የሰጠ፣

፩) የተፈጥሮ ሰው ከሆነ ከሶስት ሺህ ብር በማያንስና አሥር ሺህ ብር በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል።
፪) በሕግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ከሆነ ከአሥር ሺህ ብር በማያንስና ከሃያ ሺህ ብር በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል።
፫) የድርጅቱ የሥራ አስኪያጅ ከአንድ ዓመት በማያንስና ከሁለት ዓመት በማይበልጥ ወይም ከአምስት ሺህ ብር በማያንስና ከአስር ሺህ ብር በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ወይም በሁለቱም ይቀጣል።

### ፲፱. ከኃላፊዎችና ከተቆጣጣሪዎች ጋር በተያያዘ ስለሚፈፀሙ ጥፋቶች

በተለያዩ ደረጃዎች የሚገኙ የቢሮ ኃላፊዎች ወይም የአካባቢ ተቆጣጣሪዎች ሆን ብለው የማይገባ ጥቅም ለማግኘት ወይም ለሌላ ሰው ለማስገኘት ሲባል ሥልጣንን ያለአግባብ በመጠቀም የተሳሳተ ማስረጃ ከሰጡ ወይም እንዲሰጥ ካደረጉ ወይም የተሳሳተ ማስረጃን መሰረት በማድረግ ውሳኔ ከሰጡ ወይም መረጃን ካጠፉ ከሶስት ዓመት በማያንስና ከስምንት ዓመት በማይበልጥ እስራት ወይም ከአስራ አምስት ሺ.ህ ብር በማያንስና ከሰላሳ ሺህ ብር በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣሉ።

## PART FIVE
## OFFENCES AND PENALTIES

### 18. Offences Relating to Organizations

A person commits an offence if he hinders or obstructs inspectors on duty in the execution of their duty, fails to comply with a lawful order or requirement made by inspectors, or refuses entry into any land or premise or hinders from getting access to records, prevents from copying or extracting any paper, file or any other document, withholds, misleads or gives wrong information to inspectors.

1) A natural person who commits an offence is liable, on conviction, to a fine of not less than three thousand Birr and not exceeding ten thousand Birr.
2) In case of a legal person, to a fine of not less than ten thousand Birr and not exceeding twenty thousand Birr.
3) Imprisonment of the officer in charge for a term of not less than one year and not exceeding two years or a fine of not less than five thousand Birr and not exceeding ten thousand Birr or both.

### 19. Offences Relating to Heads and Inspectors

Bureau heads or environmental inspectors at different levels when benefited or made benefit others by using power illegally or provide wrong data or made others provide wrong data or give decision based on wrong data or dismisses data, shall be imprisoned for a term of not less than three years and not exceeding eight years, or a fine of not less than fifteen thousand Birr and not exceeding thirty thousand Birr.

**20. Badiiwwan Galmeen Walqabatanii fi Adabbii**

Namni kamiyyuu Labsii kana hojii irra oolchuuf adeemsa hojii, oomisha, akaakuu fi amala gataa, yookiin odeeffannoo kan biroo galmee irratti akka galmeessu gaafatamee osoo hin galmeessin yoo hafe, yookiin galmee irratti kan galmaa'e yoo jijjiire, adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhanii gadi hin taanee fi qarshii kuma digdama hin caalleen ni adabama.

**21. Balleessaa fi Adabbii Faaltoota, Gataa Hamaa fi Wantoota Hamaan Walqabatan**

Seera yakkaatiin caalmaatti kan adabsiisu yoo ta'ee malee, namni gataa hamaa yookiin wanta hamaa akkaataa Labsii kanaa fi seerota biroo dhimma kanaan walqabate keessatti haala tumameen kan hin qabne yoo ta'e, ibsa maxxanfamuu qabu dogoggorsee kan maxxanse yookiin kan hin maxxansine yookiin gataa hamaa ilaalchisee odeeffannoo kan dhorkate yookiin gataa hamaa hin hayyamamne bakkaa bakkatti kan dabarse yookiin dabarsuuf kan yaale yookiin kan gargaare yookiin gargaaruuf kan yaale kamiyyuu:

1) Nama uumamaa yoo ta'e, adabbii maallaqaa qarshii kuma digdamaa gadi hin taanee fi qarshii kuma shantama hin caalleen ni adabama.
2) Qaama seeraan namummaan kennameef yoo ta'e, adabbii maallaqaa qarshii kuma shantamaa gadi hin taanee fi qarshii kuma dhibba tokko hin caalleen ni adabama.
3) Gaggeessaan hojii dhaabbatichaas adabbii hidhaa waggaa sadii gadi hin taanee fi waggaa jaha hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma soddoomaa gadi hin taanee fi qarshii kuma torbaatama hin caalleen yookiin lamaaniinuu ni adabama.

**፳. መዛግብትን በተመለከተ ስለሚፈፀሙ ጥፋቶችና ቅጣት**

ማንኛውም ሰው በዚህ አዋጅ ወይም ይህንን አዋጅ ሥራ ላይ ለማዋል በሚወጣው ደንብ መሠረት የሥራ ሂደትን፣ ምርትን፣ የቆሻሻ ዓይነትና ባህርይን ወይም ሌላ ተፈላጊ መረጃን በመዝገብ ላይ እንደያሰፍር ተጠይቆ ሳይመዘገብ ከቀረ ወይም በመዝገብ የሰፈረውን ከለወጠ ከአሥር ሺህ ብር በማያንስና ከሃያ ሺህ ብር በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡

**፳፩. አደገኛ የሆነ ቆሻሻንና ሌላ ቁስን በተመለከተ ስለሚፈፀሙ ጥፋቶች**

በወንጀለኛ መቅጫ ህግ የበለጠ የሚያስቀጣ ካልሆነ በስተቀር አደገኛ ቆሻሻን ወይም አደገኛ ቁስን በዚህ አዋጅና ሌሎች አግባብ ባላቸው ህጎች ውስጥ በተደነገገው መሠረት ያልያዘ፣ መለጠፍ ያለበት ዝርዝር መረጃ አሳስቶ የለጠፈ፣ወይም ጭራሹን ያልለጠፈ፣ወይም ስለአደገኛ ቆሻሻ ወይም ሌላ ነገርን አስመልክቶ መረጃ የከለከለ ወይም ያልተፈቀደ አደገኛ ቆሻሻን ከቦታ ቦታ ያዘዋወረ ወይም ለማዘዋወር የሞከረ ወይም ድጋፍ የሰጠ ወይም ድጋፍ ለመስጠት የሞከረ ማንኛውም ሰው፣

፩) የተፈጥሮ ሰው ከሆነ ከሃያ ሺህ ብር ከሆነ ከሃምሣ ሺህ ብር በማያንስና ከመቶ ሺህ ብር በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡
፪) የሕግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ከሆነ ከሃምሳ ሺህ ብር በማያንስና ከመቶ ሺህ ብር በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል፡፡
፫) የድርጅቱ የሥራ አስኪያጅ ከሶስት ዓመት በማያንስና ከስድስት ዓመት በማይበልጥ እሥራት ወይም ከሰላሳ ሺህ ብር በማያንስና ከሰባ ሺህ ብር በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ወይም በሁለቱም ይቀጣል፡፡

**20. Offences Relating to Records & Penality**

A person commits an offence if he fails to keep records of activities or products or the types and characteristics of waste or of any other information, or if he alters any record shall be liable, on conviction, to a fine of not less than ten thousand Birr and not exceeding twenty thousand Birr.

**21. Offences Relating to Pollutants, Hazardous Wastes and Materials**

Unless and otherwise penalizes more by criminal code, a person commits an offence if he fails to manage a hazardous waste or another substance according to this Proclamation and the relevant laws, mislabels or fails to label or in any way withholds information about any hazardous waste or other material or attempts to take part or takes part or attempts to aid or aids in the illegal traffic of any hazardous waste or other material:

1) A natural person who commits an offence is liable, on conviction, to a fine of not less than twenty thousand Birr and not exceeding fifty thousand Birr.
2) In the case of a legal person to a fine of not less than fifty thousand Birr and not exceeding one hundred thousand Birr.
3) Imprisonment of the manager in charge of not less than three years and not exceeding six years, or a fine of not less than thirty thousand Birr and not exceeding seventy thousand Birr or both.

**22.Balleessaa fi Adabbii Faaltootaan Walqabatan**

1) Namni uumamaa kamiyyuu Labsii kana darbuun faaltota kamiyyuu gara naannootti gad-lakkise adabbii maallaqa qarshii kuma tokko gad hin taanee fi qarshii kuma shan hin caalleen yookiin adabbii hidhaa waggaa tokko gadi hin taanee fi waggaa kudhan hin caalleen yookiin lamaaniinuu ni adabama.

2) Qaama seeraan namummaan kennameef yoo ta'e, adabbii maallaqaa qarshii kuma shanii gadi hin taanee fi qarshii kuma digdamii shan hin caalleen ni adabama.

3) Gaggeessaan hojii dhaabbatichaa adabbii hidhaa waggaa shanii gadi hin taanee fi waggaa kudhan hin caalleen yookiin adabbii maallaqa qarshii kuma shanii gadi hin taanee fi qarshii kuma kudhan hin caalleen yookiin lamaniinuu ni adabama.

**23. Dhaaluu fi Akkaataa Dura Tureetti Deebisuu**

Tumaalee Labsii kanaa darbuudhaan namni balleessaa raawwatee murtiin adabbii itti kenname irratti dabalataan Manni Murtii:

1) Wanti badiin ittiin raawwatame kamiyyuu dhaalamee mootummaaf galii akka ta'u yookiin karaa biraatiin akka maqfamu;

2) Baasii naannoo qulqulleessuuf yookiin meeshaalee fi keemikaalota maqsuuf bahe himatamaan akka kaffaluu; fi

3) Naannoo miidhaan irraa gahe himatamaan baasii isaatiin akkaataa duraan turetti akka deebisu yookiin kan hin danda'amne yoo ta'e, beenyaa gahaa ta'e akka kaffalu ajajuu ni danda'a.

**፳፪. ብክለትን በሚመለከት ስለሚፈፀሙ ጥፋቶች**

፩) ይህን አዋጅ በመተላለፍ ማንኛውንም አካል ወደ አካባቢ የሚለቅ ማንኛውም የተፈጥሮ ሰው ከአንድ ሺህ ብር በማያንስና ከአምስት ሺህ ብር በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ወይም ከአንድ ዓመት በማያንስና ከአስር ዓመት በማይበልጥ እስራት ወይም በሁለቱም ይቀጣል።

፪) በሕግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ከሆነ ከአምስት ሺህ ብር በማያንስና ከሃያ አምስት ሺህ ብር በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ይቀጣል።

፫) የድርጅቱ ሥራ አስኪያጅ ከአምስት ዓመት በማያንስና ከአሥር ዓመት በማይበልጥ እስራት ወይም ከአምስት ሺህ ብር በማያንስና ከአሥር ሺህ ብር በማይበልጥ የገንዘብ መቀጮ ወይም በሁለቱም ይቀጣል።

**፳፫. ስለ መውረስና ወደ ነበረበት ሁኔታ ስለ መመለስ**

የዚህን አዋጅ ድንጋጌዎች በመተላለፍ ጥፋት ፈፅሞ የቅጣት ውሳኔ በተሰጠው ሰው ላይ በተጨማሪ ፍርድ ቤት፣

፩) ለጥፋት ተግባር የዋለው ማንኛውም ነገር ተወርሶ ለመንግሥት ገቢ እንዲሆን ወይም በሌላ መንገድ እንዲወገድ፣

፪) ለአካባቢው ማፅጃ ወይም መሣሪያውንና ኬሚካሉን የማስወገጃ ወጪ ተከሳሹ እንዲከፍልና፣

፫) ጉዳት የደረሰበትን አካባቢ ተከሳሹ በራሱ ወጪ ወደነበረበት ሁኔታ እንዲመልስ፣ ወይም ይህ የማይቻል ከሆነ ተገቢ ካሣ እንዲከፍል ማዘዝ ይችላል።

**22. Offences Relating to Pollutants**

1) A natural person commits an offence if he discharges any pollutant contrary to the provisions of this Proclamation is liable, on conviction, to a fine of not less than one thousand Birr and not exceeding five thousand Birr or to an imprisonment of not less than one year and not exceeding ten years or both.

2) In the case of a legal person, to a fine of not less than five thousand Birr and not exceeding twenty five thousand Birr.

3) Imprisonment of the manager in charge for a term of not less than five years and not exceeding ten years, or a fine of not less than five thousand Birr and not exceeding ten thousand Birr or both.

**23. Forfeiture and Restoration**

The court, before which a person is prosecuted for an offence under this may, in addition to any penalty it impose upon the convicted person, order:

1) The confiscation of anything used in the commission of the offence in favor of the state or to dispose of it in any other way;

2) That the cost of cleaning up and the disposing of the substance and chemical or equipment seized be borne by the convicted person; and

3) The convicted person to restore to the state in which the environment was prior to the infliction of the damage, and when such restoration is not possible to pay appropriate compensation.

## KUTAA JAHA
## TUMAALEE ADDA ADDAA

**24. Naannoolee Ollaa fi Magaalota Waliin Hojjechuu**

1) Faalamni naannoo Oromiyaa keessatti uumamu gara naannoolee ollaatti yookiin naannoo ollaa irraa gara naannoo Oromiyaatti akka hin tamsaane gochuuf Biiroon naannoolee ollaa wajjiin qindoominaan ni hojjeta.

2)Seerotaa fi qajeelfamoota bahan irratti hunda'uudhaan faalama naannoo fi gataa magaalaa Finfinnee keessaa bahu to'achuuf Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee waliin ni hojjeta.

**25. Dirqama Qooda Fudhattootaa**

Naannoo Oromiyaa keesatti qooda fudhattoonni hojiin eegumsa naannoo isaan ilaallatu kamiyyuu faalama naannoo ittisuuf yookiin salphisuuf qindoominaan hojjechuu, karooraa fi gabaasa Biiroof dhiyeessuuf dirqama qabu.

**26. Dirqama Odeeffannoo Kennuu**

Namni kamiyyuu dhimmoota Labsii kanaa fi seerota biroo dhimma kana ilaaluun walqabate irratti bobba'e, odeeffannoo sochii hojii isaa ilaalchisee yemmuu Biirichi gaafatu kennuuf dirqama qaba.

**27. Aangoo Dambii Baasuu**

Labsii kana hojii irra oolchuuf Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa aangoo Dambii baasuu ni qabaata.

**28. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Seerotaa fi hojmaanni dhimma Labsii kana haguugamaniin wal-faallessan kamiyyuu raawwatiinsa hin qabaatan.

**29. Yeroo Labsiin Kun Hojii Irra Itti Oolu**

Labsiin kun Sadaasa 22 Bara 2005 irraa eegalee hojii irra kan oolu ta'a.

**Finfinnee, Sadaasa 22 Bara 2005**
**Alamaayyoo Atoomsaa**
**Pireezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

## ክፍል ስድስት
## ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

**፳፬. ከአጎራባች ክልሎችና ከተሞች ጋር ስለ መስራት**

፩) የአካባቢ ብክለት ከኦሮሚያ ክልል ወደ አጎራባች ክልሎ ወይም ከአጎራባች ክልሎች ወደ ኦሮሚያ ክልል እንዳይስራጭ ለማድረግ ቢሮው ከአጎራባች ክልሎች ጋር በቅንጅት ይሰራል፡፡

፪) የወጡት ህጎችና መመሪያዎችን መሠረት በማድረግ ከአዲስ አበባ ከተማ የሚወጣውን የአካባቢ ብክለትና የከተማ ቆሻሻን ለመቆጣጠር ከአዲስ አበባ ከተማ አስተዳደር ጋር በጋራ ይሠራል፡፡

**፳፭. የባለ ድርሻዎች ግዴታ**

በኦሮሚያ ክልል የአካባቢ ጥበቃ የሚመለከታቸው ማንኛቸውም የባለድርሻ አካላት የአካባቢ ብክለትን ለመቆጣጠር ወይም ለመቅረፍ በቅንጅት መሥራት፣እቅድና የአፈጻጸም ሪፖርት ለቢሮው የማቅረብ ግዴታ አለባቸው፡፡

**፳፮. መረጃ የመስጠት ግዴታ**

በዚህ አዋጅና በሌሎች ህጎች ከዚህ ጉዳይ ጋር በተያያዙ ጉዳዮች ላይ የተሰማራ ማንኛውም ሰው የሥራውን እንቅስቃሴ አስመልክቶ መረጃ ለቢሮ የመስጠት ግዴታ አለበት፡፡

**፳፯. ደንብ የማውጣት ሥልጣን**

የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት ይህንን አዋጅ ተግባራዊ ለማድረግ ደንብ ማውጣት ይችላል፡፡

**፳፰. ተፈፃሚነት የሌላቸው ህጎች**

ከዚህ አዋጅ ጋር ተቃራኒ የሆኑ ህጎች ወይም አሠራሮች በዚህ አዋጅ በተመለከቱት ጉዳዮች ላይ ተፈፃሚነት አይኖራቸውም፡፡

**፳፱. አዋጁ ሥራ ላይ የሚውልበት ጊዜ**

ይህ አዋጅ ከህዳር ፳፪ ቀን ፪ሺ፭ ዓ.ም ጀምሮ በሥራ ላይ የሚውል ይሆናል፡፡

**ፊንፊኔ፣ህዳር ፳፪ ቀን ፪ሺ፭ ዓ.ም**
**አለማየሁ አቶምሳ**
**የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዚዳንት**

## PART SIX
## MISCELLANEOUS PROVISIONS

**24. Relations with Neighboring Regions and Cities**

1) The Bureau shall work in collaboration with neighboring regions to halt the spreading of environmental pollution from Oromia Region to neighbor regions and from neighboring regions to Oromia.

2) The Bureau shall work in collaboration with Addis Ababa City Administration based on laws and directives issued to control environmental pollution and wastes released from Addis Ababa City Administration.

**25. The Obligation of Stakeholders**

Any stakeholder in the region concerned in environmental protection shall cooperate, present their plan and report to the Bureau to control or minimize environmental pollution.

**26. Duty to Provide Information**

Any person engaged in an activity pertaining to any of the provisions of this Proclamation or any other related law shall provide any information on his activity as required by the Bureau.

**27. Power to Issue Regulations**

The Administrative council of the Region shall have the power to issue Regulations for implementing this Proclamation.

**28. Inapplicable Laws**

Any law or practice inconsistent with this Proclamation is inapplicable on matters provided herein.

**29. Effective Date**

This Proclamation shall come into force as of the 1st day of December, 2012.

**Finfine, December 1, 2012**
**Alemayehu Atomsa**
**President of the National Regional State of Oromia**